washington healthplanfinder

click. compare. covered.

# Haguuggii Fayyaaf Wantota Bu'uuraa

WAA'EE HAGUUGGII ARGACHUUDHAAF
BEEKUU QABDAN MARA



# Qabiyyeewwan


| | |
|---|---|
| **4** | *Washington Healthplanfinder* |
| **5** | Jechawwan Ijoo |
| **6-7** | Wantota Bu'uuraa Karoora Fayyaa |
| **8** | Faayidaawwan |
| **9** | Deeggarsa Maallaqaa |
| **10** | Washington Apple Health (Medicaid) |
| **11** | Karoora Fayyaa Filachuu |
| **12-14** | Cascade Care |
| **15-16** | Yoom Iyyatama |
| **17** | Cheeklistii Iyyachuudhaaf |
| **18-23** | Akkamiin akka Iyyattu |
| **23** | Nu Hordofaa! |

# *Washington Healthplanfinder*

## ***Washington Healthplanfinder* maali?**

*Washington Healthplanfinder* Waashingitan keessatti bakka karoora fayyaa oonlaayiniitiin itti bitatanidha. Namoonni Waashingitan keessa jiran karoora fayyaa isaaniif hojjetu karaa keenyaan argachuu danda’u.

*Washington Healthplanfinder* karoorawwaniifi qusannaawwan bakka kamiyyu hin jirre kenna. Cascade Care karoorawwan biroo hedduu caalaa tajaajilawwaniifi qusannaawwan dabalataa dhiyeessa. Sagantaawwan qusannoo kan akka kirediitii gibiraa baasii angafoo/qarruu kee hir’isuu ni danda’a. Faayidaawwan kanneen bakka kamittiyyu hin argattan.

## ***Washington Healthplanfinder* Akkamittin Itti Fayyadamaa**

Karoora fayyaatiif *Washington Healthplanfinder* tto iyyachuun salphaadha. Galmaa’uudhaan appi. wahealthplanfinder.org, zee WAPlanfinder jedhurraa ykn bilila irratti bitachuu dandeessu.

APPicha Buufadhaa
**WAPlanfinder app**

Marsariitii Keenya Daawwadhaa.
**wahealthplanfinder.org**

## **Gaaffiiwwan? Deeggarsa Maamilaatti Bilbilaa.**

Wiirtuun Deeggarsa Maamilaa Keenya afaanota 200 oliin deeggarsa kenna.

Bilbila: **1-855-923-4633**
TTY : **1-855-627-9604**

# Jechawwan Ijoo

Jewwan Kunneen Karoora Fayyaa Keessanii Hubachuudhaaf Ijoodha

### Angafoo/Qarruu

Angafoon/qarruun kee hanga ati ji'a ji'aan karoora fayyaa keetii kaffaltudha. Tajaajilawwan fayyaa kamiyyu hin argattu taanaanis angafoo/qarruu kee kaffaluuma qabda.

### Baasii Qooddachuu

Baasii-qooddachuun hanga baasiiwwan kunuunsa fayyaa ati kaffaltudha.Jechi kun inshuraansii waloofi kaffalataa waloo ilaallata. Jechi kun hir'ifamawwan inshuraansii waloofi baasii waloo dabalata.

### Hir'ifama

Hir'ifamni kee baasii qooddachuuhaaf jecha osoo karoorri fakkaa keetii hin jalqabiin dura hanga ati kunuunsa irratti baasuu qabdudha. Hang hir'ifama kee jalqaba waggaa waggaa irratti jalqaba.

### Kaffalata waloo

Kaffaltaa gumaachuun (Kaffaltaan waliinii)hanga ati tajaajila kunuunsa fayyaa haguuguuf kafflatudha. Kaffaltaa gumaachuun kee yeroo tajaajila argatturraa jalqaba.

### Inshuraansii Waloo

Gumaachi inshuraansii tajaajila kunuunsa fayyaaf baasii bahe keessatti kan ati qooddatudha. Gumaacha inshuraansii kee erga hir'ifama karoora fayyaa keetii kaffalteen booda kaffaluu eegalta.

### Kiisii Keessaa

Baasiiwwan kiisii keessaa kan ati kunuunsa fayyaatiif kaffaltudha. Hir'ifama, gumaacha inshuraansiifi kaffaltaa gumaachuu hammachuu danda'a. Hangi karoora fayyaa keetiin hin haguugamiin kamiyyu baasii kiisii keessaa bahedha.

### Neetiwoorkii

Neetiwoorkiin tarreeffama dhiyeessitootaa karoorri fayyaa kee haguugu. Neetiwoorkiin dhiyeessan keessa taanaan karoora fayyaa keetiin mirkanaa'aniiru. Neetiwoorkii dhiyyeessitootaa ala taanaan karoora fayyaa keetiin hin mirkanoofne.

# Wantota Bu’uuraa Karoora Fayyaa

## Karoorri Fayyaa Maali?

Tarii ati ykn maatiin kee kunuunsa fayyaa kan barbaadu yoo ta’eef waggaa waggaan karoora fayyaa bitatta. Yeroo karoora fayyaa qabaattu dhiyeessaan inshuraansii kee baasii kunuunsa fayya gariin ni kaffala.

## Karoora Fayyaa Maaliifan Barbaadaa?

Namoonni fayyaallee sirna kunuunsa fayyaa ni fayyadamu. Karoora fayyaa argachuun yeroo si barbaachisutti baasiiwwan kunuunsa fayyaa akka humna ofii kan madaalu ta’e mirkanaa’aa taasisa. Fayya buleessa yoo taate fayyummaa kee itti fufsiifachuuf kunuunsa ittisuu argachuu dandeessa. Miti taanaanis wallaansa saffisaa argachuu dandeessa. Karoorri fayyaa yeroo barbaaddutti kunuunsa fayyaa karaa kaffaluun danda’amuun dhiyeessa.



### Karoora Fayyaa Gara Fuula Duraatiif

Yoom doktora bira deemuun akka deemuun sirra jiru hin beektu. Karoora fayyaa qabaachuun yeroo barbaaddutti kunuunsa fayyaa kaffalachuu dandeessa.

Fayyaa taatullee, karoorri fayyaa kee akka fayyumaan kee eegamuuf si garggaara.



### Fayyaa kee irratti i]Invast Godhi

Karoora fayyaa malee baasiiwwan kunuunsa fayyaa cimaa ta’uu danda’a. Yeroo yerootti ilaalamuun dafee dabala. Baasiin kunuunsaa miidhaa tasaaf ykn dhukkubbiin cimaan qusannoo kee si jalaa fixuu danda’a.

Har’a karoora fayyaa irratti xiqqoo baasuutiin gara fuula duraatti waan hedduu qabaachuu dandeessa.

## Seerri Kunuunsa Gatii Madaalawaanii Maali?

Labsii Kunuunsa Humna Kaffaluu Ilaalcha keessa galchuun labsameen, isteetiin Waashingitan kana baneera *Washington Healthplanfinder*. Galmi Seera Kunuunsa Gatii-Madaalawaa baasii kunuunsa fayyaa xiqqaa taasisuudha. Namoonni caalaa karoora fayyaa baasii xiqqaan ykn baasii malee karoora fayyaa argachuu danda'u. Haalli kee akka ati Washington Apple Health (Medicaid) ulaagaa guuttu ykn faayidaawwan hanga ati haguuggiif kaffaltu hir'isuu danda'a.

Haguuggii fayyaaf bilisaan ykn gatii salphaadhaan argachuuf asirratti bilisaan galmaa'uu dandeessa wahealthplanfinder.org fi appii WAPlanfinder.

## Karoora Fayyaa Kan Hin arganne Yoo Ta'e Maaltu Ta'a?

Karoora fayyaa malee guutummaa baasii kunuunsa fayyaa kaffalta. Marfeen Flu $50 baasuu danda'a. Hospitaala keessa guyyoota sadii turuun kumaatamaan baasisa. Wallaansi kaanserii baasii kumoota dhibbootaan qaqqabsiisuu danda'a.

Yoo haguuggii hin argatiin adabbii gibiraas argachuu dandeessa. Waashingiteen keessatti, maatii kee keessatti tokkoo tokkoo namaaf tokko argatta.

## Baasiin Kunuunsaa Maali?

Wallaansawwan fayyaa muraasniifi maal akka isaan baasisan kunooti. Karoorri fayyaa kee baasiiwwan isaan kanneen si waliin qooddachuu danda'a.

| WALLAANSA | BAASII |
|---|---|
| Onnee Baqaqsanii Wallaanuu | $78,585 |
| Maammoogiraam | $263 |
| Dugda Baqaqsanii Wallaanuu | $13,255 |
| Kolonooskooppii | $1,484 |
| C-Sekshinii | $18,098 |
| Kunuunsa Atattamaaf Deemuu | $181 |
| Ilaalamuuf Qoratamuu (ioolleef) | $117 |
| Kutaa Balaa Tasaa Deemuu | $579 |

# Faayidaawwan

## Karoorri Fayyaa Maal Haguuga?

Karoorri fayyaa hunduu faayidaawwan fayyaa barbaachisoo kudhan kanneen haguuga. Karoorawwan gariin, karoorawwan Cascade Care, caalaa haguuguu kan fakkaatan.

**Faayidaawwan Fayyaa Barbaachisoo**

- Doktora bira deemanii ilaalamuufi hospitaala turuu
- Kutaawwan Balaa Tasaa Deemuu
- Kunuunsa Haadhotii
- Tajaajilawwan fayyaa sammuufi wallaansa miidhaa baala sammuu adoochanii
- Qorichawwan ajajaman
- Yeroo madooftutti tajaajlawwan fayyisuu
- Qorannoowwan laaboraatooriitiif
- Tajaajilawwan Ittisaa
- Haalawwan fayyaa namarra turan itti ilaalaman
- Kunuunsa Fayyaa Daa’immanii

### Cascade Care

Karoora Cascade Care kan duraa caalaa tajaajilawwaniifi qusannoowwan dabalataa argachuu dandeessa.

### Diduun Hin jiru

Sababoota haala fayyaa duraan turaniif haguuggii argachuu dhorkamuu hin dandeessu.

### Qulqullina Kunuunsaa

Karoorawwan fayyaa hedduun yeroo haguuggii hin qabne caalaa kunuunsa qulqullina ol-aanaa qabu kennu.

### Kunuunsa Dhukkuba Ittisuu Bilisaa

Tajaajilawwan kan akka ilaalamuufi talaaliiwwanii guutummaatti haguugameera.

# Deeggarsa Maallaqaa

### Kirediitiiwwan Gibiraa Maalidhaa?

Kirediitiiwwn gibiraa hanga ati karoora fayyaa keetiif ji'a ji'aan kaffaltuu hir'isa. Mootummaatiin kan kaffalaman yoo ta'u angafoo/qarruu karoora fayya keetiif kan ta'anidha. Kirediitiiwwan gibiraa karaa through *Washington Healthplanfinder* qofa argamu.

### Kirediitiiwwan Gibiraa Eeenytu Argataa?

Hangi kirediitiiwwan taaskii ati argattuu hanga galii keefi baayyina maatii kee irratti hundaa'a. Hanguma gatiin maatii keetii xiqqaa ta'e, kirediitii gibiraa caalaatiif caalaa guutta. Hangi kun yeroo ati galmooftu shallagama. Wantonni kanneen kun yoo jiraatan kirediitii gibiraatiif ulaagaa guutuu dandeessa:

- Washington Apple Health Fayyaa (Medicaid) ykn Medicare ulaagaa hin guuttu.
- Karaa hojii keetii ykn saganataa mootummaa biraatiin inshuraansii hin qabdu.
- Ati lammii US ykn seeraan US keessa taatee Waashigiteen keessa jiraatta.
- Gaa'ela kan qabdu yoo ta'e, Faayila Gaa'elaa Addaatti deebii gibiraaf galchuu hin qabdu.

### Qusannaawwan Cascade Care Savings Maalii?

Sagantaan kunuunsa Cascade Care Savings baasii angafoo/qarruu karoora fayyaa kee hir'isa. Yoo ulaagaa kan guuttu ta'e, isteetiin kaffaltaa angafoo/qarruu kee garii ni qooddata.

### Qusannaawwan Cascade Care Savings Eenyutu Argachuu Danda'aa?

Wantonni kunneen dhugaa yoo ta'an qusannaawwan Cascade Care Savings ulaagaa guutuu dandeessa:

- Galiin kee yoo Sadarkaa Iyyummaa Federaalaatiin %250n gadi yoo ta'e.
- Washington Apple Health Fayyaa (Medicaid) ykn Medicare ulaagaa hin guuttu.
- Karoora Cascade Care Meetii ykn Warqeetti galmoofteetta.
- Kirediitiiwwan gibiraaf ulaagaa kan guuttu yoo ta'e, hanga guttuu argachuu dandeessuu fudhatteetta.

# Washington Apple Health (Medicaid)

## Apple Health maalii?

Apple Health Waashigiten keessatti maqaa Medicaid ta'uu isaati. Faayidaawwan fayyaa barbaachisoo hunda haguuga. Namoonni hedduun baasii malee Apple Health argachuu danda'u. Gariin angafoo/qarruu ji'aa kaffaluu danda'u ta'a.

Yeroo kamiyyu Apple Health tiif karaa *Washington Healthplanfinder* Iyyachuu dandeessa.

## Apple Health eenyutu argachuu danda'aa?

YWantonni kunnee sadan dhugaa taanaan Apple Health argachuu ni dandeessa: Ulaagaa akka guuttu hin beektu yoo ta'e, akkaawontii banachuu ykn Washington Healthplanfinder seenuudhaan.


- Galiin kee Sadarkaa Iyyummaa Federalaa %138 gadi yoo ta'e.
- Yoo lammii US taate ykn seeraan US keessa waggoota shaniif kan jirtu ta'e.
- Waggaa 65 gadi taate.

# Karoora Fayyaa Filachuu

**Akka Walxataa Ta'u Hin Godhiin. Karoora Sirrii Argachuun Salphaa Ta'uu Danda'a.**

Yeroo karoora fayyaa filataniti wantonni yaaduu qaban hedduun jiru. Karoorawwan hedduutiif ulaagaa guutuu dandeessa, garuu fedhiiwwan keetiif isa kamittu hunda caalaa filatamaa akka ta'e hin mirkaneeffanne. Karoorawwan gara garaa faayidaawwan gara garaa kennu. Karoorawwan Cascade Care tokkoo tokkoo sadarkaa jirurratti faayidaawwan hunda caalan kennuudhaaf baasii-qooddachuu sadarkaa isaa eeggate fayyadama.

Gaaffiiwwan harmaan gadii gara karoora fayyaa sirriitti si qajeelchuu danda'u.




- **Ji'a ji'aan hangam kaffaluun danda'aa?**
  Kaffaltaan angafoo/qarruu karoorawwan fayyaatiin adda.
- **Ogeessa fayyaa kunuunsa bu'uuraa filachuun na barbaachisaa?**
  Karoorawwan hangi ta'e tokko siif dhiyeessu.
- **Doktorri koo yeroo ammaa neetiwoorkii karoorichaa keessaa?**
  Doktorri kee yeroo ammaa haguugamuu isaa mirkaneeffadhu.
- **Ogeessa addaa bira deemuudhaaf riffeerii barreeffamaa na barbaachisaa?**
  Karoorawwan tokko tokko riffeerii barreefaman barbaadu.
- **Doktoroota jijjiiruudhaaf hangam salphaadhaa?**
  Gara fuula duraatti doktora jijjiiruu dandeessa ta'a.
- **Hir'ifamni jiraa?**
  Gaheewwan karooraa kee baasiiwwan kee qooddachuu dura hir'ifama kee guutuu qabda.
- **Baasiiwwan karoora kanaa kiisa keessaa bahanii maalfaadha?**
  Irra deddeebiin mana yaalaa deemuun baasiiwwan kiisii keessaa bahanii ni dabalau.
- **Karoorri kun Kutaa Balaa Tasaa Yeroo Dhaqan akkamiin hojjeta?**
  Yeroo balaan mudatutti maal akka hojjettu bari.
- **Waggaa dhufu keessa maasiiwwan fayyaa guddaa nan eegaa?**
  Daa'ima ykn baasii guddaa biroo eegaa jirta taanaan haguuggii dabalataa barbaaduu dandeessa.

# Cascade Care

### Karoorawwan Cascade Care Maali?

Karoorawwan Cascade Care gosa Karoora Fayyaa Ulaagaa Guutu karaa *Washington Healthplanfinder* argamudha. Faayidaawwan fayyaa barbaachisoo kan haguuganiifi karoorawwan hedduu biroo caalaa tajaajilawwaniifi qusannoowwan caalaa kan kennanidha.

Karoorawwan Cascade Care gosoota lamatu jiru: Karoorawwan Kaaskeediifi karoorawwan Filannaa Kaaskeed. Karoorawwan Filannaa Kaaskeedii sadarkaawwan olaanoo guutuu qabu. Karoorawwan biroo caalaa qulqullinaafi gatii caalaa kennu.

### Karoora Cascade Care Maaliifan Filadhaa?

Karoorawwan Cascade Care baasii xiqqaadhaan haguuggii caalaa kenna. Osoo hir’ifama hin guutuun sirra hin jiraatiin dura karooraawwa jiran gara caalaa oliin tajaajilawwan caalaa haguugu. Kunis kunuunsa bu’uuraa, tajaajila fayyaa sammuu, qorichoota waliigalaafi kanaa ol kan dabalatudha.

Baasiiwwan kiisa keessaa ba’us ni qusattas. Giddu-galeessaan, hir’ifamni kee $1,000tiin gadi yeroo karoora Cascade Care Kunuunsa Kaaskeedii filattutti.

### Karoorri Cascade Care Akkamiin Hojjetaa?

Karoorawwan Cascade Care baasii-qooddachuu sadarkaa isaa eeggate qixaa’e fayyadama. Kana jechuun wantota muraasa. Jalqaba, dhaabileen gidduutti baasiiwwan kiisa keessaa bahanii wal fakkaataa akkuma ta’etti itti fufa. Karoorawwan Cascade Care hunduu sadarkaa wal fakkaatu irratti hir’ifama, kaffalataa waloofi inshuraansii waloo walfakkaatan qooddata. Lamaffaa, karoorawwan Cascade Care haguuggii tokkicha qooddatu.

Hir’ifamni osoo hin guutiin dura tajaajilawwan walfakkaatan haguuga. Haguuggii hunda caalu jiru akka qabdu bartee salphaatti boqochuu dandeessa.

## Filannoowwan Dabalataa. Gatii Dabalataa.

Karoorawwan Kaaskeediifi Filannaa Kaaskeedii filannoowwan dabalataafi gatiiwwan dabalataa siif kennu. Sadarkaan isaan baasii-qooddachuu itti qixeessan haguuggii hunda caalaa filatamaa argachuu akka dandeessu mirkaneessa.

Karoorawwan Cascade Care karaa *Washington Healthplanfinder* qofaan jira. Ulaagaa kan guuttu yoo ta’eef ilaaluuf akkaawontii kee seeni.



## Karoorawwan asittti argattu *Washington Healthplanfinder*

| | Karoora Cascade hin taane | Cascade karoorawwan | Cascade Karoorawwan Filadhu |
|---|---|---|---|
| Kirediitii gibiraatiif ulaagaa ni guuta | ✓ | ✓ | ✓ |
| Cascade Care Savings'tiif ulaagaa ni guuta | | ✓ | ✓ |
| Karoorri Fayyaa Gahumsa Qabu (Sadarkaawwan qulqulluu guutuu qaba) | ✓ | ✓ | ✓ |
| Faayidaawwan fayyaa bu'uuraa kurnan hunda haguuga | ✓ | ✓ | ✓ |
| Baasii-qooddannaa walqixxaataa ta'e (karoorawwan hir'ifama, kafaltaa waloofi inshuraansii waloo qooddatu) | | ✓ | ✓ |
| Kunuunsa bu'uuraa, kunuunsa atattamaa, kunuunsa fayyaa sammuu, qorichawwan waliigalaafi kan caalan biroo osoo hir; ifamni hin guutamiin dura haguuga | | ✓ | ✓ |
| Kanaan qofa kan dhiyaatudha Waashingitan Healthplanfinder | | ✓ | ✓ |
| Waashingitan keessatti tokkoo tokkoo kaawontii keesatti dhiyaata | ✓ | ✓ | |

# Yoom Iyyatama

### Karoora Fayyaatiif Yooman Iyyachuu Danda'a?

Yeroo galmeen banamutti karoora fayyaatiif iyyachuu dandeessa. Galmeen banaa waggaa keessatti yeroo Karoorawwan Fayyaa Ulaagaa Guutaniifi Karoorawwan Fayya Ilkaanii ulaagaa Guutan *Washington Healthplanfinder* irraa itti bitatanidha. Waggaa waggaan Sadaasa 1 jalqaba.

### Galmee Banaatiin Duratti Haguuggii Yoon Barbaade Maaltu Ta'a?

Jijjiiramawwan jireenyaa tokko tokko akka ati karoora fayyaatiif waggaa keessatti yeroo kamiyyu galmooftu si taasisu. Kun galmee addaa jedhama. Mudannoo jireenyaa ulaagaa guutu mudatee booda guyyoota 60 keessatti galmee addaatiif iyyachuu ni dandeessa.

**Mudannoowwan Jireenyaa Ulaagaa Guutan**

- Gaa'ela
- Michummaa biyya keessaa uummachuu
- Dhaloota
- Gudifachaa ykn Kunuunsa bakka gudisa daa'immanii
- Dursanii soorama bahuu
- Sababa du'aatiin, gaa'ila diigamuun ykn seeraan adda bahuun guddiftoota ykn mirga guddifamuu dhabuu
- Jijjiirama galii
- Inshuraansii fayyaa biroo dhabuu
- Haguuggii bilisaa COBRA dhabuu
- Gara Waashingitanitti jijjiiramuu
- Gara kaawontii biraatti jijjiiramuu
- Jijjiirraa lammummaa ykn mirga seeraan jiraachuu qabaachuu
- Mana hidhaatii gadhiifamuu
- Ajaja mana murtii fuhachuu (deeggarsa daa'imaa dabalatee)

## Abbootii warraa galii gadi aanaa qaban

Abbootiin warraa galii gadi aanaa qaban galmee addaatiif yeroo kamittiyyu iyyachuu danda'u. Mudannoo jireenyaa ulaagaa guutu hin barbaachisu. Faayidaa kana argachuudhaaf Sadarkaa Iyyummaa Federalaatiin gaditti %250 gadi hojjechuu qabda.

## AI/AN Nama Dhuunfaafi Miseensota Gosaa

Danbiiwwan galmee miseensota gosaafi warra Alaaskaa Natiiv Korporeeshinii keessatti gahee qaban irratti hin hojjetu. Waggaa keessatti yeroo kamiyyu galmaa'uu ni dandeessa. Barbaaddee jennaan karoora kee ji'atti takkaa jijjiiruus ni dandeessa.



# Cheeklistii Iyyachuudhaaf



### Iyyachuudhaaf Maaltu Na Barbaachisaa?

Yeroo karoora fayyaatiif iyyattutti *Washington Healthplanfinder* waa'ee kee odeeffannoo murteessoo hanga tokko ni barbaada. Wantota si barbaachisan akka qabdu mirkaneeffachuudhaaf cheeklistii harmaan gadii fayyadami.

- ✓ **Maqaawwan Seeraafi Guyyaawwan Dhalootaa**
  Maqaa seeraafi guyyaa dhalootaa tokkoo tokkoo nama haguuggiif iyyatuu si barbaachisa.
- ✓ **Lakkoofsawwan Wabii Hawaasummaa**
  Yoo kan qaban ta'e tokkoo tokkoo namoota iyyataniitiif lakkoofsa wabii hawaasummaa qopheeffadhu. Yoo hin iyyatiin jirta ta'e ammallee ni dandeessa.
- ✓ **Sadarkaa Lammummaa osoo Hin qabaatiin**
  Yoo ati lammii kan hin qabne taate sadarkaa ati irra jirtu baruu barbaaduu malla. Akkas taanaan ati ykn miseensi maatii keetii ammallee haguuggii argachuu danda'u.
- ✓ **Sadarkaa Galiifi Gibira Faayil Gochuun Irra Jiru**
  Tokkoo tokkoo nama iyyatuutiif odeeffannoo galii qabdu kamiyyu walitti qabi. Kun unkawwan W-2 fi deebiiwwan gibiraa dabalachuu danda'a.
- ✓ **Odeeffannoo Inshuraansii Biroo**
  Filannoowwan inshuraansii fayyaa biroo kan akka Medicare, Tri-Care ykn haguuggii hojiirratti hundaa'ee qabaachuu dandeessa. Yeroo iyyattu odeeffannoo kana walitti qabi.

# Akkamiin akka Iyyattu

### Ani Wantotan Barbaadu Hunda Nan Qaba! Ammoo Maali?

Haguuggiif kana irratti iyyachuu dandeessa wahealthplanfinder.org, zee WAPlanfinder app ykn bilbila irratti.

**Oonlaayiniin asirratti galmaa'i wahealthplanfinder.org**

Akkaawontii banachuun, karoorawwan fayyaa bitachuun odeeffannoo nama fayyadan asirraatti argadhu wahealthplanfinder.org.

**Kana Irratti Nuuf bilbilaa 1-855-923-4633**

Deeggarsi Maamilaa bilbilaan 7:30 a.m. irraa kaasee hanga 5:30 p.m. Wixataa hanga Jimaataatti ni jira.

**Appii WAPlanfinder kana buufadhu**

Appiin mobaayila keenyaa kana irratti argama Apple App Store fi Google Play.

## Cuqaasi. Dorgomsiisi. Haguugameera.

Fedhiiwwan keetiif karoora sirri karaa *Washington Healthplanfinder* argachuun salphaadha. Ati wahealthplanfinder.org ta'e ykn kan appii WAPlanfinder kan fayyadamtu yoo ta'e, tartiibawwan salphaa kanneen fudhadhu.

1 **Shamataatii dorgomsiisaa.** Umurii kee, fayyadama sijaaraafi tilmaama galii kee dhiyeessi. Tarreeffama karoorawwan fayyaa argachuu dandeessuufi angafoo/qarruu isaanii ni argatta.

2 **Iyyadhu/Galmaa'i.** Odeeffannoowwan dabalataa kan akka sadarkaa gibira faayili gochuufi maddawwan galii galchi. Kun yoo deeggarsa maallaqaatiif ulaagaa kan guuttu ta'e akka ilaaltu si taasis, Washington Apple Health (Medicaid) ykn Karoora Fayyaa Ulaagaa Guute.

3 **Karoora Tokko Filadhu.** Haala kee irratti hundaa'uudhaan filannoowwan hedduu qabda. Fedhiiwwan keefi maatii keetiif karoora hunda caala jettu filadhu.

4 **Haguuggii Argadhu.** Takkaa karoora fayyaa filatte mirkaneeffannaan, battalumatti haguuggii argatta. Yeroo haguuggiin jalqabuu argitu baasii angafoo/qarruu kee jalqabaa kaffali. Dhaabbata filatte irraa kaardii inshuraansii argatta.

## Iyyata keetiin Deeggarsa Argadhu.

Naannoo isteetaatti ogeessota adeemsa galmaa'uu irratti si qajeelchuu danda'an waliin michoomneerra. Ogeessonni kunneenis naavigeetarootaafi dalaallota jedhamu. Namoonni kunneen gaaffiiwwan waa'ee karoorawwan fayyaa keetii ykn akkamitti akka galmootu irratti deebii siif kennu. Deeggarsa maallaqaatiif ulaagaa kan guuttu yoo ta'es sitti himuu danda'u.

Deeggarsawwan naavigaaterootaafi dallaalotarraa argamu yeroo baayyee bilisaanidha. Naannoo keetti tokko asirratti barbaadi wahealthplanfinder.org ykn app WAPlanfinder kana irratti

## Wiirtuuwan Galmee Naavigataroonniifi Birookers Magaalaadhaan

**Bellingham**
Rice Insurance
1400 Broadway Street, Bellingham, WA 98225
*Bilbila:* 1-360-734-1161
*Imeelii:* keith@riceinsurance.com

**Everett**
Health Insurance Solutions NW, LLC
7003 Evergreen Way, Suite B, Everett, WA 98203
*Bilbila:* 1-425-252-5105
*Imeelii:* neil@his-nw.com

**Federal Way**
Public Health Seattle & King County
1640 S 318th Place, Federal Way, WA 98003
*Bilbila:* 1-800-756-5437
*Imeelii:* chap@kingcounty.gov

**Kennewick**
Advisor Health Benefits Group
1446 Spaulding Ave, Suite 302, Richland, WA 99352
*Bilbila:* 1-509-524-9611
*Imeelii:* kevin@advisorhealthbenefits.com

**Seattle**
Financial Designs
2723 California Avenue SW, Seattle, WA 98116
*Bilbila:* 1-425-392-7390
*Imeelii:* cmcclure@financialdesignsinsurance.com

**Spokane**
Better Health Together Enrollment Center
157 S Howard, Ste 102, Spokane, WA 99201
*Bilbila:* 1-509-370-5605
*Imeelii:* bhtnavigatorstaff@BetterHealthTogether.org
*Marsariitii:* www.betterhealthtogether.org/navigators

**Tacoma**
FND Insurance & Financial Services, LLC
5515 Steilacoom Blvd SW, Suite 122, Lakewood, WA 98499
*Bilbila:* 1-253-302-5579
*Imeelii:* teamfnd@fndinsurance.com

**Vancouver**
Applied Team Insurance
8513 NE Hazel Dell Avenue, Suite 101, Vancouver, WA 98665
*Bilbila:* 1-360-726-6092
*Imeelii:* marlena@appliedteamins.com

**Wenatchee**
Suzie Health Insurance
413 N Mission Street, Wenatchee, WA 98801
*Bilbila:* 1-509-295-9055
*Imeelii:* info@wahbroker.org

**Yakima**
Yakima Neighborhood Health Services
610 Yakima East Avenue, Yakima, WA 98901
*Bilbila:* 1-509-853-2377
*Imeelii:* navigators@ynhs.org

## Wiirtuuwwan Galmee Naavigaator Kaawontiidhaa

**Adams, Ferry, Lincoln, Pend Oreille, Spokane, Stevens ykn Whitman Kaawontii**
Fayyaa Foyyaa'aa Waliin
*Bilbila:* 1-509-381-5573
*Imeelii:* bhtnavigatorstaff@BetterHealthTogether.org
*Marsariitii:* www.betterhealthtogether.org/navigators

**King, Clallam ykn Jefferson Kaawontii**
Siyaatil Fayyaa Hawwaasaa fi King Kaawontii
*Bilbila:* 1-800-756-5437
*Imeelii:* chap@kingcounty.gov

**King, Pierce, Snohomish ykn Thurston Kaawontiin**
Waldaa Dubartoota Kooriyaa
*Bilbila:* 253-535-4202
*Marsariitii:* www.kwacares.org

**Chelan, Douglas, Grant ykn Okanogan Kaawontii**
Gamtaa Fayyaa/ Hospitaala Suluula Wenatchee
*Bilbila:* 1-509-433-3383
*Imeelii:* sm_ch_lead_org@confluencehealth.org

**Kitsap Kaawontii**
Tajaajilawwan Fayyaa Hawaasa Peniinsullaa
*Bilbila:* 1-360-377-3776
*Imeelii:* eligibility@pchsweb.org

**Clark, Cowlitz, Grays Harbor, Klickitat, Lewis, Mason, Pacific, Pierce, Thurston, Snohomish, Skagit, Skamania, Wahkiakum ykn Whatcom Kaawontii**
Wiirtuuwwan Fayyaa Hawaasa Sii Mar
*Bilbila:* 1-855-289-4503
*Imeelii:* seamaripa@seamarchc.org

**Asotin, Benton, Columbia, Franklin, Garfield ykn Walla Walla Kaawontii**
Fayyaa Hawaasaa Magaalota-Sadee
*Bilbila:* 1-509-543-1952
*Imeelii:* enrollmentHBE@mytcch.org
*Marsariitii:* www.mytcch.org

---

**Kittitas ykn Yakima kaawontii**
Tajaajiawwan Fayyaa Naannoo Yakimaa
*Bilbila:* 1-509-853-2377
*Imeelii:* navigators@ynhs.org




# Nu Hordofaa!

Toorawwan hawaasummaa kanneen irratti odeeffannoo gargaaraniifi waa’ee galmee odeeffannoo haaraa jiru ni qoodna.

- Washington Healthplanfinder
- waplanfinder
- waplanfinder

washington healthplanfinder

click. compare. covered.

wahealthplanfinder.org

1-855-WAFINDER | 1-855-923-4633